

## Qaceelfama GenV kan Aannan Harmaa

- **Mucaan umriin torban takkaa gadii?** Guyyoota 7 keessatti, ykn san boodas akka siif danda'ameen laalama (sample) qorannoof irra fuudhi
- **Mucaan umriin torban takkaa olii?** Laalama (sample) hanga siif danda'ametti daddaffiin irraa fuudhi
- **Ni dagatte moo irraa fuudhuu si rakkise?** Laalama yeroo kam illee deebistee erguu dandeessa – laalamni hundi barbaachisoo dha
- Annan harmaa osoo hin hodhsisin dursanii fuudhuun saphlaa dha – ni tahas.

Qodaa itti fudhtu gattee ykn ni dogoggorree? – nu qunnam

Bilbila: 1800 436 888 Mar-sariitii (Website): [www.genv.org.au](http://www.genv.org.au)

### Odeeffannoo eeggannoo:

Ijoollee irraa eegi. Akka ijoolleen hujummoo (tube) isaa harkaan qaban hin hayyamin. Hujummoon waan akka daakuu of keessaa qaba. Miidhaa hamaa hin fidu, garuu ija, gogaa qaamaa, ykn funyaan isaanii rifachiisuu danda'a.

Yoo daakuun sun gogaa qaamaa ykn ija isaanitti bu'e – bishaaniin irraa dhiqi.


Yoo rifaatuun (irritation) irraa tutture wallaansa fayyaa gargaarsa gaafadhu.

#### 1 Kan si barbaachisu:


- Kaardii qaceelfamaa kana
- Hujummoo aannan harmaa itti fudhtu
- Qodaa (pouch) qadaaddii ofitti xuuxu qabu (absorbent pad)
- Haxooftuu (wipes) mucaa habbaa lama (qodaa waliin hin ergamu)
- Qubeessaa (pen) (qodaa waliin hin ergamu)



- #### 2
- Harma isa kam keessaa akka fudhtu filadhu
  - Harma kan mirgaa ykn bitaa keessaa fuudhuu dandeessa
  - Harma, fiixee harmaa, fi naannoo fiixee harmaa haxooftuu mucaatiin qulqulleessi



- #### 3
- Hujummoo aannan itti fudhtu irraa qadaaddii buqqisi
  - Daakuun akka keessa isaatti hin naqmine eeggachuu yaali




## Qaceelfama GenV kan Aannan Harmaa

4




- Aannan hujummoo keessatti gadi cuunfi
- Qodaa aannan harmaa xuuxuun fudhtee - sana booda aannanicha hujommoottis naquu dandeessa
- Aannan walkkaa hujummoo fuudhuu yaali (mooqqaa (fallaanni) shaayee tokko gahaa dha)
- Hangas fuudhuu yoo hin dandeenyes hanguma dandeesse fuudhi

5




- **Hujummoo qadaadi** – akka gaarii cufamuu isaa ilaali
- Irra deebi'ii harma, fiixee harmaa, fi naannoo fiixee harmaa haxooftuu mucaatiin qulqulleessi
- Hujummoo aannan harmaa itti fuudhte irratti bakka '**Guyyaa fi Yeroo Fuudhame**' jedhutti guyyaa fi sa'aa isaa barreessi ('**Date and Time Collected**')

6



- Hujummoo aannan itti fudhte qodaa (pouch) qadaaddii ofitti xuuxu qabu (absorbent pad) keessa kaa'i
- Afaan qodichaa (pouch) walitti qabii – hanga qilleensi keessaa bahuu dhumutti qabii cufi

7



- Qodicha enveloppii ittiin deebisamee ergamu keessa kaa'i
- Envelopicha cufi
- Mana keessa tursuu dandeessa (qabbaneessaa (fridge) ykn cabbeessaa (freezer) keessa kaa'uu si hin barbaadu

8



- Erga fudhteen booda daddafii laalamicha (sample) kara mana postaa gara GenV ergi
- Mana Postaa Australia gargaarami
- Mana postaa irraa temberrii (stamp) itti godhchuun si hin barbaachisu

9



- Odeeffannoo dabalata yoo barbaadde, koodii QR qori (scan)
- 'Qajeelfama akka itti laalama umamamaa (biosample) kan mar-sariitii (website) GenV' irra jirutti si geessa